DEPARTMENT OF EDUCATION

MUUMMEE BARNOOTAA

Gaaffiiwwan Irra Deddeebi'anii Gaafataman

Yaadachiisa waa'ee Odeeffannoo Dhuunfaa Walitti Guuruu

Odeeffannoon unka haala gosaa fi qommoo irra jiru akka odeeffannoo dhuunfaa barataatti ilaalama. Gaaffiiwwan Irra Deddeebi'anii Gaafataman kunneen Muummeen Barnootaa Minisootaa maaliif maaliif odeeffannoo kana akka walitti guuru ibsu:odeeffanicha kennuuf yoo isin barbaachise; akkamitti akka itti fayyadamnu; fi nama kan biro kamitu argachuu danada kan jedhu.

Odeeffannoon kun maaliif guuramaa jiraa?

Akkuma Mootummaa Ameerikaatiin bara 2017 tti murtaa'e, aanotni fi charterootni akka odeeffannoo bartootaa gadi fagoo qomoo ja'a keessaa afur guutaniif Mootummaan Naannoo Minisootaa ni barbaada. Odeeffannoo dabalataaf MinnesotaStatutes 2017, 120B.35, subdivision3 (https://www.revisor.mn.gov/statutes/?id=120B.35) daawwadhaa.

Kaayyoon odeeffannoo madda qomoo gadifageenyaan walitti qabuu fedhii barnootaa barttoota Minisootaa keessaatti argaman hundumaa adda baasuu fi caalaatti hubachuudhaaf. Aakka Biiroon Lakkoofsa manaafi namaa (Sensesii) Ameerikaa addaan qoodetti Kanneen baayyee beekamoo ta'anii gadi fageenyaan ilaalaman kun Dimograafota Mootummaa Naannoo Minisotaatin addaan ba'aniiru. (https://www.census.gov/topics/population/race/about.html). Odeeffannoon garee baayyee beekamoo ta'an hunda bakka bu'u kan dhufe qorannoo Hawwaasa Ameerikaatiin waggaa tokko yookin waggoota shan keessatti sassaabame irraa ti. Odeeffannoo dabalataaf fuula qorannoo Ameerikaa (https://www.census.gov/programs-surveys/acs/) daawwadhaa.

Odeeffannoon kun yoom walitti qabama?

Bara barnootaa 2018-2019 tti: Odeeffannoon madda qomoo Walitti qabiinsi jalqabaa aanolee walfaakaatan shan keessatti hojii irra oola: Akkaadaamii Hawwaasa Nageenyaa, Manneen Barnootaa Mootummaa Minisootaa, Mana Barnootaa Ogummaa adda addaa, Manneen Barnootaa Mootumaa Senti Pool, fi Manneen Barnootaa Mootummaa Washingoten. Anooleen kanneen ganna keessa / barri barnootaa 2018-19 yeroo dhiyaatu unkaa odeeffannoon irratti guutamu fi unka galmee bara barnootaa 2018-19 waliin ni ergu jedhamee yaadama. Aanoleen yookin qaamoleen shaman kun odeeffannoo madda qomoo barattootaa hunda Muummee Barnootaa Minisootaatiif yeroo bara barnootaa 2018-19 irratti ni gaabaasu.

Aanolee yookin qaamoleen walitti aanan shaman irraa akka baratametti, anoleen fi charteroonni biroon martinuu naannoo bona 2081-19 keessa unka odeeffaannoon itti guuramu unka galmee bara barnootaa 2019-20 waliin ni ergu.

Bara barnootaa 2019-20 tti: Aanoleen hundi odeeffannoo barattootaa kanneen bara 2019-20 keessa akka gabaasaniif ni gaafatamu.

Bara barnootaa 2024-25 kaasee anoolee hundumaa keessatti , aanolee jalqabaa shaman dabalatee, guyyaa hojiirra oolee jalqabee Odeeffannoon kanneen waggoota shan shaniin ni madaalamu, ni hareeffamus.

Maatiin kami iyyuu gaaffilee kanneen deebisuuf ni gaafatamaa?

Eyyee. Bara barnootaa 2018-19f, tokko tokkoon maatii kutaa KG-12 tti hordofaa jiranii fi aanolee kanneen keessa jiranii gaaffiilee kanneen deebisuuf gaafatamaa jiru. Muummichi deebii hawwaasaa unkichatti dabaluu waan itti fufuf, bara dhufutti aanolee partinerii ta'an tokko keessaa maatiin tokko unka harreeffame guutuudhaaf gaafatamuu ni danda'a.

Bara barnootaa 2019 – 2020 Manneen barnootaa aanaa Minisootaa hundi unkaa gaaffiiwan garee gadi fageenyyaan gaafataman guutuudhaaf maatii hunda ni gaafatu.

Yoo maatiiwwan unka kana guutaa didan hoo?

Manneen barnootaa odeeffannoo qomoo fi gosaa naannoo fi Muummee barnootaa Yuunaayitid Isteetitti gabaasuutu isaan irra jirra. Odeeffannoo kanneen dhi'eessuuf isin hin dirqmtan, garuu yoo dhiyeessuu dadhabdan seerri biyyaalessaa manneen barnootaa keessan akka isiniif filatan ni taasisa. *Maatiwwan unkicha yoo guutuu didan,* odeeffannoo amanamaa irratti hundaa'uudhaan aanoleen odeeffannoo kanneen adda baasanii Muummee Barnootaa Minisootaa tti gabaasuudhaaf seeraan ni dirqamu. Aanoleen koodii qomoowwaanii gadi fagoo murteessuun irraa hin eegamu.

Unkan kutaawwan filannoo isin irra akka guuramu hin eegaman, akkasumas aanooleen koodii qomoowwanii/ hidda qomoo gadi fageenyaan irratti akka murtii kennan hin dirqaman. Odeeffannoo kana yoo dhi'eessuu dadhabdan, manneen barnootaa fi --- garee barattootaa tokko tokkoon waan hinbeekneef barattoota kana addaan baasaniis hin beekan, fedhii barnootaa isaanis guutuu hindanda'an.

Gaaffiiwwan Gurraacheffaman

Gaaffiiwwan guraacheffaman gaaffiiwwan biyyoolessaa waa'ee qomoo/gosaa gaafataniidha.Qomoo fi gosti kalaqa hawwaasaa waan ta'eef hiikni isaas garaa gara waan ta'eef yaada itti laachuu keessan ni ajaa'ibsiiffanna. Tokko tokko isaa caqasuu keessatti qajeelfama biyyolessaa ni hordofna.

Koodiin qomoo federaalaa ja'anuu bifa gaaffii "Eyyee/Miti" kan eerameefi gaaffilee gaaffii gosaa irra keessaa fi gaaffiiwwan 1-6 tti kan dabalatuudha. Walitti qabiinsi odeeffannoo qomoo/gosa federaalaa gaaffilee garee lama barbaada.Gaaffiin irra keessaa barattootni maddi isaanii Ispeen/ Laatinoo ta'uu isaanii gaafata. Mootummaa federaalaa qomoo/gosa Ispeenummaa/Laatinoo akka qomoo tokkootti ilaala.Gaaffileen hafan (1,2,3,4,5,fi 6,)yoo xiqqaate kanneen keessaa tokko kan filamu ta'uu isaa gaafatu: Indiyaa Ameerikaa, Eeshiyaa, Gurraacha yookin Ameerikaa Afirikaa, Hawwa'ii,yookin Lammii Paasifiki biyya bishaangiddu yookin Adii. Mootummaan feederaalaa isaan kana akka gosaatti ilaala.

Maatiiwwan kanneen keessaa kami iyyuu filachuu hin qaban. Yoo filachuu baatan odeeffannoo amanamaa irratti hundaa'uudhaan aanoleen odeeffannoo kanneen adda baasanii gabaasuudhaaf seeraan ni dirqamu. Adeemsa armaan gadii irratti hudaa'uudhaan akka durrfi duuba kennameetti aanoleen odeeffannoo barattoota hundumaa walitti qabuudhaaf kallattiin isaaniif ni kennama:

A. Eenyummaa maatii yookin guddiftuu;

B. Yeroo eenyummaan maatii yookin guddiftuu filannoo keessa hin galletti, eenyummaa barataa umurii isaa waliin wal madaalu;

C. Yoo eenyummaa maatii,guddiftuu yookin barataa adda baasuun hin danda'amu ta'e, akka qajeelfama annichaan qophaa'etti , itti gaafatamaadhaan qajeelfamni ni kennama.

Gaaffiiwwan Filatamanii Deebi'an

Gaaffiwwan akka "filannoo"tti caqasaman odeeffannoo hidda dhalootaa/ qomoo gadi fageenyaan gaafatu. Haa ta'u malee odeeffannoo kana walitti guuruun dirqama feederaalaati. *Koodii hidda dhalootaa/qomoo walitti guuruudhaaf aanoleen hin dirqaman.* Kutaa xiqqaa 3 jalatti akkuma mari'atame sababiin Odeeffannoon kun walitti qabamuuf odeeffannoo gadi fagoon Seera Minisootaa 2017,120B.35 keessatti waan haammatammef. Gareewwan filatamanis:

- Anishinaabee/Ojibiwwee; Keerokee; Dakotaa/Lakotaa; qomoo Indiyyaa Ameerikaa biroo
- Indiyaa EEshiyaa; Burmaa; Chaayinaa; Filipiinoo; Himoonigii; Kareenii; Koriyaa; Veetinami; Eeshiyaa biroo
- Ameerikaa Afirikaa; Oromoo Itoopiyaa; Itoopiyaa biroo; Laayibeeriyaa; Nayijeeriyaa; Sumaalee; Gurraacha biroo
- Colombiyaa; Ekwu'aadoor; Guwaatimaalaa; Meksiikoo; Poortoorikaa; Salvaadoor; Ameerikaa-Madda Ispeen; Hispaanika/Laatinoo biroo

Gabaasuu

Odeeffannoon gaafii calqabaa keessa jiruu fi gaafileen 2-6tti jiran gargaarsa mootummaa waliin wali hinqabatu. Maatiin tokko Lammummaa Ispaanoo yookin Laatinoo yoo filate, sadarkaa feederaalaatti baratichi Hispaanoo yookin Laatinoo jechuudhaan gabaafama. Fakkeenyaaf, baratichi Hispaanika yookin Laatinoo fi Adii ta'ee yoo eerame, sirna itti gaafatammummaa irratti Hispaanika yookin Laatinoo ta'ee gabaafama. Maatiin tokko kanneen keessaa tokko yoo filateef: Indiyaa Ameerikaa, Eeshiyaa, Gurraacha yookin Ameerikaa Afirikaa, Hawwa'ii,yookin

Lammii Paasifiki biyya bishaangiddu yookin Adii, Mootummaan feederaalaa isaan kana akka “qomoo lamaa yookin isaa olitt”i fudhata. Fakkeenyaaf, Fakkeenyaaf, baratichi Indiyaa Ameerikaa yookin Alaaskaa warra durii fi Adii ta’ee yoo eerame, sirna itti gaafatammummaa irratti akka “ qomoo lamaa yookin isaa oliitti” ta’ee gabaafama. Gareen kun koodii gareewwan federaalaa turbanii jedhamanii kan beekaman yoo ta’an , unka irratti mullinaan hin dhiyyatan.

Gaaffii 1 ffaa keessatti, barattootni Indiyaa Ameerikaa yookin Alaskaa warra jalqabaa ta’uu isaanii ibsuudhaaf ni gaafatamu. Mootummaan Naannoo Minisotaatin gareen kun akka namoota maddi isaanii Ameerikaa Kaabaa ta’eefi aadaa durii eeganii tursaniitti isaan beeka. Odeeffannoon kun sadarkaa feederaalaatti kan gabaafamufi gargaarsis kan ittiin shallagamuudha.

Gareewwan tokko tokko maaliif filannoowwan kanneen gadi fagoon kennameefii kaan immoo dhowwataman?

Kanneen gadi fageenyaan gaafataman kan irratti hunda’aan Seera Minisootaa 2017, kutaa 120B.35, kutaa xiqqaa3 (https://www.revisor.mn.gov/statutes/?id=120B.35).

Seera kana jalatti, “Hawwa’ii warra durii yookin Paasifikii warra bishaan gidduu” fi “adii” warri jedhaman kanneen gadi fageenyaan gaafataman gabaasuudhaaf filannoon hin kennafneef. Seera shaakala odeefannoo mootummaa, Seera Minisootaa 2017 kutaa 13.05, kutaa xiqqaa3(https://www.revisor.mn.gov/statutes/?id=13.05), jalatti Muummeen Barnootaa Minisootaa itti fayyadamaa fi hiree odeeffannoo dhuunfaa murteessuu fi bulchiinsaaf maal akka barbaachisuu fi sagantaalee mootummaa federaalaatiin geggeeffaman hoganuutu irraa eegama.

Odeeffannoon kun akkamitti walitti qabama?

Maatiileen hundumtuu ofii isaanii sirriitti akka of ibsaniif carraa kennuufiif, aanoleen aaddaa fi afaan giddu-galeessa godhatanii odeeffannoo guuruu ni danda’u.Aanoleen unka odeeffannoon ittiin guuramuu fi xalayaa maatii tokkoo tokkoo barattootaatti akka erganiif ni jajjabeeffamu.

Kanneen duraa tiin maatiiwwan yoo addaan baasan maaltu ta’uu qaba?

Yoo maatiwwan odeeffannoo kanneen unka duraa keessatti dursanii gaataniif, unkicha irra deebi’anii akka kennaniif gaafatamaa jiru. Kunis sababiin isaa Muummeen Barnootaa Minisootaa sirna odeeffannoo sassaabuu jijjiiraa waan jiruuf. Maatiiwwan hundi waraqaa irratti yookin karaa elektirooniksii odeeffannoo gadi fageenyaan akka kennaniif carraa argachuu qabu.

Sadarkaa Biyyaatti Odeeffannoon kun akkamitti itti fayyamama?

Odeeffannoon sadarkaa dhuunfaa barattoota keessanii kan dhuunfaa fi akka seeraan murtaa'etti Muummee Barnootaa minisootaa qofaan itti fayyadamama.Odeeffannoo yoo gabaafne, waa'ee garee sanaas ni gabaafana malee barataa dhuunfaa miti.

- Odeeffannoon gadi fagoo qomoowwanii sadarkaa biyyaatti odeeffannoo walitti qabuu fi gabaasuudhaaf fayyada.
- Akka seera biyyolessaatti,Muummeen Barnootaa Minisootaa odeeffannoo kana sadarkaa gareetti odeeffannoo madaallii fi eebbaa waggaa jalqabaaf ni gabaasuuf karoorfatee jira. Gabaasni gara fuulduraa kan akka odeeffannoo sadarkaa garee guddina agarsiisu, carraa hojii fi qophii barnootaa sadarkaa ol aanoo, nageenya barnootaa, fi walitti dhufeenya barattootni mana barumsaatti qabaatan ni dabalata.
- Odeeffannoon gadi fagoo qomoowwanii haala addaa barnoota barattootaa, dandeettii Afaan Ingiliffaa barattootaa, saala, fi odeeffannoo aadaa barattootaa waliin wal qabata. Gabaasni gara fuul duraa carraa gabaasa garee waltti dhufeenya garaa garaa hayyamu yookin filannoo odeeffannoo kanaa dhiyeessuu ni malu. Fakkeenyaaf, odeeffannoo kana walitti qabuun baayyina eebbifamtootaa dhiiraa Chaayinaa Afaan Ingilizii hin dubbannee fi Shamarran Sumaalee Afaan Ingilizii hin dubbanne waliin dorgomsiisuuf ni fayyada.
- Akka shaakala walitti fufaa Muummee Barnootaa Minisootaa tti,garee barattoota 10 gadii kami iyyuu gabaasuun hin jajjabeeffamu, yookin yoo bu'aaleen hafatee barattootaa barattoota 10 gadi ta'an. Gabaasni gadi fageenyaan odeeffannoo qomoo/gosaa kanaa seera ittisaa Muummeen Barnootaa Minisootaa qoppheessaa jiruu fi Mudde 2018 itti itti faayyadamuuf karoorfateef ni fayyada.

Sadarkaa Anaatti Odeeffannoon kun akkamitti itti fayyamama?

Sadarkaa aanaatti odeeffannoon kun akkamitti akka itti fayyadamamu beekuudhaaf maaloo waajjiraalee aanaa keessanii quunnamaa.

Odeeffannoon kun mootmmaa federaalaatiif ni gabaafamaa?

Gaaffiiwwan qomoo sadarkaa feederaalaa tti barbaachisoo ta'an gaaffiiwwan gurraacheffaman keessaa (Indiyaa Ameerikaa,yookin Alaskaa warra durii; Eeshiyaa, gurraacha yookin Ameerikaa Afirikaa, Hispaanika, Hawwa'ii,yookin Lammii Paasifiki biyya bishaan gidduu yookin adii) mootummaa federaalaaf ni gabaafamu. Odeeffannoon qomoo gadi fageenyyaa("Filannoo" jechuudhaan kan caqasaman) mootummaa feederaalaaf hin gabaafaman. Haaala armaan gadiitiin odeeffannoon kanneen kan daangeffamaniidha:

- Odeeffannoon kun sadarkaa barataatti dhuunfaadhaan ifatti hin gabaafamu.
- Odeeffannoon kun sadarkaa naannoottii yookin federaalaatti haala imigireshenii waliin kan wali hin qabannee fi bakka biraafis kan hin saaxilamne ta'a.
- Odeeffannoon kun, barates barachuu baatus mucaa keessan irratti dhiibbaa hin qabu.
- Barattootaaf dhuunfaadhaan odeeffannoon kun yeroo walitti qabamu, ifatti kan inni gabaafamu barattootaaf gareedhaan qofa ta'a. Odeeffannoon muummichaan walitti qabamu eenyummaa

barattootaa hundumaa eeguu qaba, akkasumas barataan dhuunfaadhaan akka addaan hin baaneef gareen barattootaa namoota danuu qabaachuu qaba.

- Odeeffannoon kun madaallii yookin ga'umsa barsiisotaa waliin wal hin qabatu.
- Odeeffannoon kun galtee kolleejjii irratti dhiibbaa hin qabu.

Sadarkaa naannootti odeeffannoo kana eenyutu argata?

Unki kunii fi odeeffannoon inni qabatu mana ogummaa daataa sirriitti fi biiroo bulchiisa mana barumsaa mucaa keessaniitti leenjjii qabuun siistema daataa tti kan galu yoo ta'u. Hojjetootni mana barumssaa unka odeeffannoo guutaa fi odeeffannoo walitti qabuuf ga'ee qabaniin unka guutaman sana yeroo isaan biiroo bulciisaa keessatti fe'aman to'achuu ni danda'u.

Namni biroo odeeffannoo kana argachuu danda'u eenyuu dha?

Odeeffanichi waan dhuunfaa waan ta'eef Manneen barnootaa fi Muummeen Barnootaa Minisootaa odeeffannoo unka kana irratti argaman daangessuu qaba. Kanneen argachuu danda'an:

- Istaafiin Mana barnootaa fi Muummeen Barnootaa Minisootaa hojii kana hojjechhu itti fayyadaman;
- Odeeffannoo kana argachuuf nama isin hayyamtaniif kam; fi
- Odeeffannoo kana argachuuf nama seera feederaalaa yookin naannootiin hayyama argate kam.